

# Waldh'ansa Haanqina Nyaataa Cimaa

**Sadarkaa Keelaa**
**Fayyaati Keenamu**

## Yaaddanno Htatamaa Hojeetoota Eksteenshinii Fayyaatiif Gargaaru

**Adooleesa bara 2000**

Minsteera Eegumsa
Fayyaa Fedeeraalaa

unicef

# Hikaa Jeechootaa

| | |
|---|---|
| **HNyH** | Hanqina Nyaataa Hatattamaa |
| **HNyG** | Hanqina Nyaataa Giddugaleesaa |
| **HNyC** | Hanqina Nyaataa Cimaa |
| **GNHCO** | Giddugaleesa Naanoo Harkaa Ciqilee Oli |
| **SNyD** | Sagantaa Nyaataa Dabalataa |
| **SNyDK** | Sagantaa Nyaataa Deedeebi'an Keennamuu |
| **HEF** | Hojataa Eksteenshini Fayyaa |
| **HFH** | Hojataa Fayyaa Hawaasaa |
| **KEF** | Keelaa Eegumsa Fayyaa |
| **NQ** | Nyaataa Qophaa'ee |
| **WSCK** | Wirtuu Sagantaa Cisanii Kunuunfaman |

# Gabatee Qabiyyee

**Qabiyyee** **Fula**


Hikaa Jeechootaa . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . I

Gabatee Qabiyyee . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . II

Seensa . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . III

**I.Qoophii Barbaachisu** . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 1

**II. Sadarkaa SNyDK** . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 2

1. Calaluu . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 2
2. Waldh'ansa HNyC sadarkaa SNyDK . . . . . . . . . . . . . . . . . . 6
3. Hoordoofi Goodhamu . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 7

**III. Tajaajila Ittisa bu'uraa keenu** . . . . . . . . . . . . . . . . 10

**Aneeksoota** . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 11

**Aneeksi 1**: Teeknikaa Safarii Antroopoomeetrii . . . . . . . . . . . . 11

1.1 Sadarkaalee haala GNHCO ittin safaran . . . . . . . . . . . . . . . 11

1.2 Sadarkaalee Ulfina Qaamaa ittin safaran . . . . . . . . . . . . . . 12

1.3 Dhitoon jiraachuu mirkaneefachu . . . . . . . . . . . . . . . . . . 13

**Aneeksi 2**: Teekniika Qooranoo Fedhii Nyaataa . . . . . . . . . . . . 14

**Aneeksi 3**: Baay'ina NyQ kan keennamu . . . . . . . . . . . . . . . . 15

**Aneeksi 4**. Baay'ina Qoricha idlee . . . . . . . . . . . . . . . . . . 15

**Aneeksi 5**: Ulfina qaamaa yeeroo gara manaati gaggefamuu ykn waldh'ansa xumuruu . . . . . . . . . . . . . 16

**Aneeksi 6**: Gabaasa Hojiiwwan Baatii Tokkoo- Dhibee Hir'ina Nyaataa cimaa fi ariifachiisaa ta'e yaaluu-Sagantaa Dhibee Hir'ina Nyaataa Yaalu . . . 18

**Aneeksi 7**: Galmee SNyDK . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 19

**Aneeksi 8**: Waraqaa rifaralii SNyDK irraa gara Wirtuu Cisanii kuunuunfamani . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 20

**Aneeksi 9**: Waraqaa Ragaa Geeggeefamuu Mirkaneesuu . . . . . . . . 21

# Seena

Kaayoon bareefama kanaa hojeetootin eksteenshinii fayyaa sadarakaa hawaasaati haala haanqina nyaata jiruu addaan baasani akka beekaniif; namoota hanqina nyaataatiin hubaman addaan baafachuu fi akasumas haala sagantaan nyaataa deedeebidhaan keennamuu (SNyDK) namoota hanqina nyaataa cimaadhaan (HNyC) hubamaniif keenamuu irrati tajaajila bal'aa fi qulqullini isaa eegamee akka keenaniif yaaddannoo hatatamaa keenudha.

# Namoota Hanqina Nyaataa Cimaatiin Midhamaniif wal'ansa Nyaataa deedeebidhaan keenamuu irrati yadannoo qajeelchaa HEFtiif barbaachisu

## I. Qoophii Barbaachisu

HEF tajaajila SNyDK karoora baafachu akasumas meeshalee uumata tajaajila kana argachu qabanif barbaachisan qopheefachu qaba. Hojjiwan dhimma SNyDK kanaaf barbaachisan keesaa:

- Hojeetooni Fayyaa Hawaasaa (HFH) fedhiidhaan hojatan hanqina nyaataa jiruu calaluu irrati akasumas dadamaqinsaa hawaasaa fi toa'anoo uumataa irrati deegarsa akka keenaaniif dadamaqsuu
- HFH feedhiidhaan hojeetaniif haala calallii hanqina nyaataa ilaalchisee leenjjiin hojjii gubbaa irrati fi meeshaan ittin hojatan (meetriin safarri GNHCO) ni keenamaaf.
- Hawaasa dadamqsuun HFH ijjoollee hawaasa keesati hanqina nyaataatiin midhaman ykn hubaman akka addaan baasani beekan ykn calalan nigargaara.
- Torbaan keesat guyyaa tokko SNyDK sadarkaa KEF ti keenamuf ramaduu
- KEF keesa meshaaleen barbaachisan kan armaan gaditi bareefaman jirachuu isaani mirkaneefachuu

| Meeshaa barbaachisu | Kuusaa isa xiqqaa jiraachuu qabuu |
|---|---|
| Plumpy Nut ykn BP 100 | Kaarttoan 4 torbaniif ykn kaartoona 16 ji'a tokkof |
| Qoricha Amoksisillini / Amoxcillin | Xasaa walakaa (1/2) |
| Qoricha Meebeendaazol | Xaaa tokko |
| Foolik asiddi / Folic Acid | Kinina 15 |
| Kaapsuuli Vitamina A / Vitamin A capsule | Kaapsuula 30 |
| Qoricha talaalii gifiiraa/shiftoo | |
| Kuubaayaa plastikaa | 2 |
| Bishaan dhuugatti | Jeeriikaana tokko |
| Iskellii Salter k.g. 25 (Ulfina qaamaa beekuf) | 1 |
| Meetrii/safartuu GNHCO | 2 |
| Teermomeetri Oo'insaa qaama ittin madaalan | 1 |
| Saamuna harkaan dhiiqatan | 1 |
| Kaarddii SNyDK | 30 |
| Galmmee | 1 |
| Kaardii Kuusaa/Galmee hiirtuu | |

# II. Sadarkaa SNyDK

## 1. Calaluu

### Sadarkaa 1:

Safarii dheerinaa fi uulfina qaamaa (anthropomeetrii) gageesuu, akasumas dhiitoon jiraachuu isaa mirkaneefachu. Nama haalaan/cimiinaan dhukubsateef duursaa keennuu.

- Ijjolee ji'a 6 hanga wagaa 18 jiraniif, dhiitoon jiraachu ilaali; ulfinna qaamaa madaali, giddugaleesa naaanno harkaa ciqillee oli (GNHCO) safarii
- Ijjolee ji'a 6 gadi jiraniif, dhiitoo qabaachuu isaani fi huqqina qaamaa cimaa yoo qabaatan sakata'ii

### Sadarkaa 2:

- Ijjoolee umuriin isaani ji'a 6 gadi jiran irrati dhiitoon mila lamaani yoo mul'ate ykn huuqqini qaama cimaan yoo argamee HNyC qaban jeechuudha. Daa'imni dhibee akkanaa qabu yoo siquunamee osso rakkolee biraa hin ilaalin ykn qooranoo feedhii nyaataa gageesu hinbarbaachisin gara wirtuu cisee waldh'anamu danda'uti bataluma sana eergi/geggeesi.

- Ijjoolee umriin isaani ji'a 6 hanga wagaa 18 jiraniif

  - Safariin GNHCO senti meetrii 11-12 ta'e dhiitoo milaa yoo hinqabaane, daa'imnii kuni hanqina nyaataa jidugaleesaa qaba/dii jeechuudha.
- Tarkaafii fudhatamuu qabuu: Nyaataa fi kuununsa godhamuu qabu irrati haadhaaf goorsa laadhuu; Sagantaan nyaataa dabalataa naanno sana yoo jiraatee gara sagantaa sanaati eergi

  - Safariin GNHCO senti meetrii 11 gadii yoo ta'e ykn dhiitoon milaa lamaan yoo jiraate daa'imnii kuni HNyC qaba/dii jeechuudha

- Tarkaafii fudhatamuu qabuu: Ijjoolee HNyC qabaniif sadarkaa itti annuu kana faana bu'uun waldh'anuu barbaachisa.

## Sadarkaa 3:

Ijoolee umuriin isaani ji'a 6 hanga wagaa 18 jiranifii aksumas HNyC qabaniif dhiibeewan/rakkoowan armann gaditi jiran jiraachuu isaani mirkaneefadhu. Dhibeewan/rakkoowan armaan gaditi caqafaman keesaa tookolee yoo jiraate dhuukubsata gara wirtuu ciisee yaalamuu danda'uti (wirtuu sagantaa cisanii kunuunfaman) eergi/geeggeesi.

| Dhibee/Rakkolee | Yoom gara ciisani ilaalamniti darban |
|---|---|
| **Mallattoo Cimaa waligalaa** | Waan nyaatan huundaa yoo deebisan/ haaqqisan; Yoo hoollachiisee/huurguufee; yoo oof walaalee ykn nyaachu yoo dadhabee |
| **Dhuukkuuba soombaa ("Pneumonia")** | • Afuura yoo baafatuu lapheen yoo keesati haarkiifamee<br>• Afuura dafee dafee yoo baafate<br><br>- Ijjoolee ji'a 6 hanga ji'a 12 tiif<br>  • Daqiiqaa tokko keesati si'a 50 fi sanaa ol yoo afuura baasee<br><br>- Ijjoolee ji'a 12 hanga wagaa 5 tiif<br>  • Daqiiqaa tokko keesati si'a 40 fi sanaa ol yoo afuura baasee<br><br>- Ijjoolee wagaa 5 olitiif<br>  • Daqiiqaa tokko keesati si'a 30 fi sanaa ol yoo afuura baasee |
| **Garaa Kaasaa (Albaatii)** | • Boba'an ykn Albaatiin yoo dhiiga qabaatee |
| **Qaamni yoo Oo'insaa qabaatee ykn yoo qoorree** | • Oo'insii qaamaa 0C 37.5 fi sana ol yoo ta'e ykn yoo oo'ee<br>• Oo'insii qaamaa 0C 35 fi sanaa gadii yoo ta'e ykn harkaan tuqan yoo qoorre |

## Sadarkaa 4:

Ijjollee umuriin isaani ji'a 6 hanga wagaa 18 jirani fi dhibeewwan/rakkoowan cimaa armaan oliti tuqaman kan hinqabneef qoormaata feedhii hojeedhuu. Qormaata feedhii nyaataa gageesuu fi hiikoo isaatiif akka si gargaaruu hidhaa (Anneeksii 2) fuula 17 ilaali.

a. Yoo qormaata kufe gara wirtuu ciisee kunuunfamuuti geeggeesi/eergi
b. Yoo qormaata darbee sadarkaa itti aanuu hojjeedhuu/raawadhu.

## Sadarkaa 5:

Eesatii akka waldh'anamuu muurteesuu (SNyDK ykn WSCK)

- Haala chaartii armaan gaditi jiru bu'ura godhachudhaan umurii, ulaagaa safarii anthropometrii, dhibeewwan/rakkoowan cimaa jiruu fi qoranoo fedhii nyaataa gaggeefamee irrati hundaa'udhaan ijoolee hanqina nyaataa qaban calaluu ykn addaan baafachuu.

- Daa'imni dhukubsate SNyDK akka isa barbaachiisuf ykn iddo Buftaa Fayyaa/ Hospitaallaat ciisee akka kunuunfamu/wal'anamu danda'u irrati murtee keeni (chaartii armaan gadi jiruu kana fayadami - fuula 7 ilaali)

- Dhukubsatoota HNyC fi rakollee issaan walqabatan qaban hundaa cisani kunuunsa akka argatan gara Buufta Eegumsa Fayya/Hospitaala dhiyoo jiruti eergii/geggeesi. Waraqaa gaggeesaa/rifaraalli ittin eergituu keeniif.

- Kununsituun daa'imaa gara wirtuu ciisee waldh'anamutti fudhachuuf yoo fedhii agarsiisuu diddee, irra deebi'un akka fudhatuu goorsi; amansisuufis yaali. Yoo amas didde SNyDK akka argatuu taasiisi. Akka diddees kaardii SNyDK irrati galmeesi.

## Qoranoo fi addaan baafannaa ijjoolee HNyH qaban

| Qoradhuu/Xinxallii | AddaanBaafadhuu/ guulanteefadhu | Tarkaafi fudhatamu |
|---|---|---|
| • Umuriin hanga ji'a 6 ta'e yoo<br>- Huuqqina qaamaa mul'atu qabaatee<br>- Dhiitoo mila lamaanu yoo qabaatee<br>• Umuriin ji'a 6 fi sanaa ol ta'e yoo<br>- Safariin GNHCO centi meetrii 11 gadi ta'e ykn dhiitoo mila lamaanii fi rakoolee armaan gadiiti tuqaman keesaatooko yoo qabaatee<br>• Malatoo hamaa ykn<br>• Qormaata fedhii nyaataa yoo kuufe ykn<br>• dhibee sonbaa/ nimooniaa hamaa ykn<br>• bobaan dhiiga yoo qabaatee ykn<br>• qaamnii yoo oo'insa qabaatee/yoo haalaan qorree | Hanqina Nyaataa Cimaa rakolee dabalataa qabu (HNyCRDQ) | Atatamaan gara ciisee kunuunfamuti eergii/geggeesi |
| • Umuriin ji'a 6 fi sanaa olta'e yoo<br>- SafariinGNHCO centi meetrii 11 gadi ta'e ykn dhiitoo mila lamaanii yoo qabaatee<br>- Qooranoo fedhii nyaataa yoo darbee | Hanqina Nyaataa Cimaa rakolee dabalataa hinq baanee (HNyCRDH) | Prootokooli walaa'nsa KEF fayadamuun sadarkaa SNyDKn walaa'nuu |
| • Safariin GNHCO centi meetrii 11 HAHga 12 gadi ta'e yoo dhiitoo mila lamaanuu hinqabaanee | Hanqinaa Nyaataa Giddugaleesaa (HNyG) | Yoo jiraate gara SNyD tii eergi. Haalaa nyaataa fi kunuunsaa daa'imaa irrati goorsa laadhuu |
| • Safariin GNHCO centi meetrii 12 fi sanaa ol ta'e yoo dhiitoo mila lamaanuu hinqabaanee | HNyH hinqabu | Haadha goorsii baga gamadee jeedhiin |

## 2. Waldh'ansa HNyC sadarkaa SNyDK

**Sadarkaa 6:** Dhukubsataa galmee irrati galmeesi, kaardi SNyDK guuti (Aneeksii 7 fuula 22 ilaali)

**Sadarkaa 7:** Haadha daa'imaatiif ykn kunuunsiitudhaaf waa'ee tajaajila SNyDK haala armaa gaditiin ibisiif

- Nyaata Qophaa'ee (NyQ) kan toorbaan tokkoof ta'u bu'uura ulfina daa'imaatin shalagii keeniif (Aneeksii 3 fuula 18 ilaali)
- Haadha daa'imaa ykn kunuunsiitudhaaf eergaalee barnootaa ijjoo armaan gadii irati goorsa laadhuuf:
    - NyQ ijjollee hanqina nyaataa qaban callaadhaaf akka nayyatta fi qoriichaati keenama. Nama kamiifuu keenamuu ykn qodamuu hinqabu.
    - Ijjollee harma hadhaa hodhaniif NyQ osso hinkeenin dura harma keeniif
    - Nyaataa biro duraan dursee NyQ keenamu fi qaba. Ijjollen akka nyaatan jajabeesuu fi sa'a 3-4 keesati si'a tokko akka nyaatan goodhuu barbaachisa
    - Yeroo NyQ nyaatan hunda bishaan qulquulu baay'isani akka dhugan keeniif
    - Nyaata keenuufiin duurati kunuunsituun haarka ofii saamunaa fi bishaaniin dhiqachuu barbaachisa
    - Nyaata jiruu halaan qadaadii; qulqulina isaa eegii
    - Qaamnii ijjoolee dhukbsattee salphaati qabbanaawa; kanaafuu ijjolee akkanaa sirriiti/halaan uwisii, oo'isii
- Qorichaale idilee barbaachisan keenif (baay'ina qorichaatiif Anneksi 4 fuula 19 ilaali)

| Qooricha | Waldh'ansa |
|---|---|
| Vitamina A | - Ji'ota 6 darban keesa yoo keenameef gaafadhu<br>- Yoo hinkeenamin si'a tokko yoo seenuu keenif |
| Foolik Asidii | - Yeroo seenu si'a tokko keenif |
| Amoksisillini | - Yeroo seenu si'a tokko keenif; wal'ansa torban tokkof ta'u manati fudhatee kan galu keenif<br>- Isa jalqabaa to'anoon iddo jiruti keennif |
| Qooricha raamoo garaa keesaa baleesu | - Si'a tokkoo torban lammafaa irrati keeniif (si'a deebii 2ffaa irrati) |
| Busaa | - Haala wal'ansa protokooli biyyoolesaatin keeniif |
| Talaali gifiiraa (Ji'a 9 ol yoo ta'e) | - Daa'imnii talaalamuu issaa gaafadhu<br>- Yoo tanaan dura hintalaalamin torbaan 4ffaa irrati keennif |
| Qoorich hir'ina dhigaa guutuu/deebisuu ("Iron") | - Qorichii kuni waan NyQ hundaa keesa jiruuf dabalataan keenun hinbarbaachisu |

Gaafa dura waldh'ansa jalqaban (guyyaa duraa) ijjoollee dhiitoo mila qabanii fi ijjoolee ji'oota 6 darban keesati argatan alati ijjollee hundaafu vitaamina A keeni.

**Sadarkaa 8:** Akka hordoofiidhaaf ta'uf beellama torbanii keeniif

## 3. Hoordoofi Goodhamu

Ijjooleen SNyDK argatan hundinuu hordoofii walira hincinee sadarkaa KEF ti torbaniin argachu qabu. HEF torbaniti guuyyaa tokko dhima hojjiwan hordoofii SNyDK tiif ramaduu qaba. Sagantaa manaa gara manaa deemmun tajaajila keenuu irrati ijjollee HNyC tiin midhamaniif hordoofi gaggeesuu qabdi. Yerroo hordoofii gaggeesitu HEF dhimoota armaan gaditi tuqaman raawachuu/gaggeesu qabdi.

**Sadarkaa 1:** Gaafadhu

- Garaa kaasaa, Haqisiisu/didigsu/ balaqamsiisuu/ qaama oo'isuu ykn rakkoon biraa yoo jiraate?
- Nyaataa ilaalchisee, daa'imnii nyaata torbaniif keenameef fixachuu issaa/issi

**Sadarkaa 2:** Madaalii/Qoradhuu

- Rakoon cimaa dabalataa jiraachuu xinxali
- Oo'insa qaamaa, haala afuura itti baafatuu (lakaa'i)
- Ulfina qaamaa, safari GNHCO fi dhiitoon yoo jiraate illali
- Qoranoo fedhii nyaattaa geeggeesi

**Sadarkaa 3:** Bu'ura qorannoo hordoofi armaan oliti godhameen tarkaanfi fudhatamuu qabuu irrati murtee keeni

Wanti armaan gaditi tuqaman tokkoleen yoo jiraate gara Buufata Eegumsa Fayyaa/Hospitaalaati eergii/geggeesi

- Mallatoon rakkoo cimaa dabalataa yoo jiraate
- Qormaata fedhii nyaataa yoo kufee
- Dhiitoon yoo dabalatee ykn yoo hara mul'atee
- Deedeebii torbee lamaa keesati ulffini qaamaa yoo hir'ate
- Deedeebii torbee saddi keesati ulffini qaamaa yoo dabaluu baate isa duraa irrati argamee
- Kunuunsituun yoo halaan dhibamtee ykn yoo duute ykn daa'imtii cistee yaalamuun yoo barbaachiisee

Gara Buufta Eegumsa Fayyaa/Hoospitaala geggesuun/eerguun yoo hinbarbaachifnee, SNyDK kan toorbaan tokko keeniif

- Qoricha idilee xumurrii keeniif
- Raashinii torbaanii Plumpy Nutii keenniif
- Beellama hordooffi kan torbaan dhuufu keenniif
- Odeeffanoo jiruu kaardii SNyDK irrati galmeesi

Daa'imnii sagantaa hoordoofii irraa yoo hafe

- HFH feedhidhaan hojeetuu akka gara manaa deemee ilaaluu fi akasumas HEF tiif akka gabaasa godhuu gaafadhu

Ulaagaaleen armaan gaditi kaayaman yoo gutaman daa'ima SNyDK irra jiruu offiraa gara manaatii geeggeesii/eergi

a. Dhukubsatoota mallatoo dhiitoo milaatin galma'an: Mallatoon dhiitoo hordoofi tor baan lamaa (guuyyaa 14) keesati yoo bade/gadi gale
b. Dhukubsatoota mallatoo dhiitoo malee galma'an: Haala anneksii 5 fuula 20 irrati kaayametii yoo Ulfina qaamaa barbaachisaa ta'e argatee gara manaati geeggeesi/eergi
c. Daa'imnii galmaa'ee wal'ansa ji'a 2 argatee yoo ulaagaa sadarkaa ittin gageefamuu malu guutuu dadhabe, gara wirtuu cisee kunuunfamuti gaggeesii/eergi

Yeeroo gara manaa eergituu qabxilee armaan gadii jiran mirkaneefadhu.

- Haala kunuunsaa fi nyaata irrati hadhaaf goorsii gahaan keennamuu issaa
- Waraqaa raggaa kunuunsituudhaaf laachuu akasumas waraqaa gaggeesaa/rifaraali sa gantaa nyaataa dabalataatiif eerguu kee (yoo jiraatee)
- Daa'imnii osso hingaggeefamin dura maqaan isaa/issi galmee irati galmeefamuu isaa

Gara Buufta Eegumsa Fayyaa/Hoospitaala geggesuun/eerguun yoo hinbarbaachifnee, SNyDK kan toorbaan tokko keeniif

- Qoricha idilee xumurrii keeniif
- Raashinii torbaanii Plumpy Nutii keenniif
- Beellama hordooffi kan torbaan dhuufu keenniif
- Odeeffanoo jiruu kaardii SNyDK irrati galmeesi

Daa'imnii sagantaa hoordoofii irraa yoo hafe

- HFH feedhidhaan hojeetuu akka gara manaa deemee ilaaluu fi akasumas HEF tiif akka gabaasa godhuu gaafadhu


Ulaagaaleen armaan gaditi kaayaman yoo gutaman daa'ima SNyDK irra jiruu offiraa gara manaatii geeggeesii/eergi

A. Dhukubsatoota mallatoo dhiitoo milaatin galma'an: Mallatoon dhiitoo hordoofi torbaan lamaa (guuyyaa 14) keesati yoo bade/gadi gale

B. Dhukubsatoota mallatoo dhiitoo malee galma'an: Haala anneksii 5 fuula 20 irrati kaayametii yoo Ulfina qaamaa barbaachisaa ta'e argatee gara manaati geeggeesi/eergi

C. Daa'imnii galmaa'ee wal'ansa ji'a 2 argatee yoo ulaagaa sadarkaa ittin gageefamuu malu guutuu dadhabe, gara wirtuu cisee kunuunfamuti gaggeesii/eergi

Yeeroo gara manaa eergituu qabxilee armaan gadii jiran mirkaneefadhu.
- Haala kunuunsaa fi nyaata irrati hadhaaf goorsii gahaan keennamuu issaa
- Waraqaa raggaa kunuunsituudhaaf laachuu akasumas waraqaa gaggeesaa/rifaraali sagantaa nyaataa dabalataatiif eerguu kee (yoo jiraatee)
- Daa'imnii osso hingaggeefamin dura maqaan isaa/issi galmee irati galmeefamuu isaa




Chaartii Ijoolee umriin ji'a 6 hanga wagaa 18 jiran qorachuu fi tarkaanfii/murtee barbaachisu fudhachuuf gargaaru/fayyadu

# III. Tajaajila Ittisa bu'uraa keenu

Yeeroo manaa gara manaati ykn sadarkaa olaa-galaa akasumas yeroo hawaasni gara KEF dhufaniti, waa'ee ittisa dhiibee irrati, fayyaa maatii irrati, qulquulina naannoo fi waa'ee barnoota fayyaa irrati ibsa keenuun gahee fi itti gafatamuumaa HEF ganda sanaa ta'a. Barnoota offiraa ittisa dhibee armaan oliti tuqamee kana hadhaa/ kunuunsitudhaa fi ijooleedhaaf keenudhaaf SNyDK akka iddoo walqunamti tokkoti tajaajiluu danda'a. Kanaaf, SNyDK ijoolee HNyC tiin midhamaniif tajaajila keenuun birati HEF tookko dabalataan waa'e barnootaa fi tajaajila ittisa dhibee armaan gaditi tuqaman kana ni raawata.

## • Qulqulina Naannoo fi Qaamaa

- Haala bobbaa itii gatan
- Qulquulinaa fi nageenya nyaata
- Qulqulina dhuunfaa
- Quliquulinaa fi dhiheesaa bishani
- Fayuumaa naanoo jireenyaa fi manaa

## • Fayyaa Maati

- Karrora maati
- Talaalii hadhaa fi daa'imani

## • To'anoo fi ittisa dhibee

- To'anoo fi ittisa busaa
- To'anoo fi ittisa HIV/Eedsii fi Daranyoo sombaa

## • Hojjii packajii biro

# Aneeksoota

## Aneeksi 1: Teeknikaa Safarii Antroopoomeetrii

### 1.1. Sadarkaalee haala GNHCO ittin safaran

1. Ufata harka bitaa guubaa jiruu akka daa'ima irra baaftu hadha gaafadhu. Yoo danda'ame daa'imni akka ka'e meeshalee safariin ittin raawatuu cinaa dhaabatuu


2. Gidugalee irree haarka bitaa tilmaami (Fakkii armaan gadi jiruu fuula 14 ilaali)

3. Haarka daa'imaa diriirsudhaan meetrii safari iddoo gidugaleesa irree irra naaneesii/mari. Lakoofsi karaa sirii ta'u mirkaneefadhu. Meetriin akka hindachannee fi sirri ta'u mirkaneefadhu. (Agarsiistuu 7 fuula 14 ilaali)

4. Meetriin naanoo harkaati marame akka laafee irra hinbuunee fi akka jabaatee harkaa daa'imaa hin minee siriti mirkaneefadu (agarsiistuu 8 fi 9 fuula ilaali). Sadarkaalee irra deebii'un yoo barbaachisee irra deebi'ii.

5. Yeero meetriin biifa barbaadamuun harka daa'imaa irrati marame, safrii jiruu haalaan xinxalii gara deesimaalii senti meetrii 0.1 siksii dubisi (agarsiistuu 10 fuula 14 ilaali)

6. Safarii dubistee bataluumati galmeesi






## 1.2 Sadarkaalee Ulfina Qaamaa ittin safaran

1. Haala hojii duraan dursii hadhaaf ykn kunuunsituudhaaf ibsi
2. Iskeelii ulfinaa qaamaa ittin safaran kan killograama 25 (kan graama100 addaan qoodame) dursii qopheesi. Meeshaan oli-gadi sochoofamuu yoo barbaachiisee muka irati funyoodhaan/wadaroodhaan/tushaadhaan raraasuu ni danda'ama.
3. Haala fakki armaan gadi irrati mula'atuun laastiikii funyooti raraasii gara lakka zeerooti akka dhuufu mijeesii.
4. Uufata daa'imaa hunda irraa baasudhaan daa'ima laastika keesa kaa'ii
5. Laastikas ta'e daa'ima wanti tokkole akka hintuqnee mirkaneefadhu
6. Lakkoofsa agarsiistuun irra jirtuu dubsii (daa'imnii yoo socho'ee fi agarssistuun yoo oli-gadi waraaqxee, lakkaa gidugaleesaa jiruu fudhadhu
7. Yeero daa'imnii adabatee taa'e lakkaa agarsiistuun irra jirtuu gara graama 100 ti siksii dubsii akasumas galmeesi
8. Torbaniti si'a tokkoo meeshaa ittin Ulfina qaamaa safartuu kana meshaa safarrii Ulfina qaamaa beekameen walbiraa ilaalun sirii ta'u isaa mirkaneefaduu.





## 1.3 Dhitoon jiraachuu mirkaneefachu



## Gabatee Qormaata Fedhii Nyaataa

| Ijoleen hanqina nyaataatin midhaman qormaata fedhii nyaataa darbuuf ini gadi anaan fudhachuu qaban | | | |
|---|---|---|---|
| **NyQ** | | **BP 100** | |
| Ulfina qaamaa (kg) | Saacheetti | Ulfina qaamaa (kg) | Muka |
| <4 | ⅛ - ¼ | < 5 | ¼ - ½ |
| 4 – 10 | ¼ - ½ | 5 – 10 | ½ - ¾ |
| 11 - 15 | ½ - ¾ | 11 – 15 | ¾ - 1 |
| >15 | ¾ - 1 | >15 | 1 – 1 ½ |

## Aneeksi 2: Teekniika Qooranoo Fedhii Nyaataa

Fedhiin nyaataa jiraachu fi jiraachuu dhabuun sadarkaa dhibee daa'imaa beekuuf nama gargaara. Nyaata nyaachuu diduun dhibeen daa'imni qabuu cimaa ta'u fi gara wirtuu cisee kunuunfamuti eerguun barbaachisaa ta'u agarsiisa.

### Sadarkaa hoordoofamuu qabu

1. Qormaani fedhii nyaataa iddoo addaa fi qophaati (iyya irraa bilisa ta'eeti) geeggeefamuu qaba.
2. Kaayoo qormaata fedhii nyaataa fi iddo itti geeggefamuu qabu irrati hadhaaf ykn kunuunsitudhaaf ibsa keeni
3. Kunuunsituun harka dhiqachuu qabdi/qaba
4. Kunuunsituun haala itti tooluti taa'udhaan daa'ima offira techiftee NyQ keenuufi ykn harkaa daa'imaa irra godhuudhaan akka nyaatuu afeeruu barbaachiisa.
5. Kunuunsituun NyQ suuta keenudhaan daa'imnii akka nyaatuu yeero hundaa afeeruu qabdi. Yoo daa'imni didee osso hinuufin irra deebitee akka nyaatuu jajabeesuu barbachisa. Qormaani fedhii nyaataa kun yeeroo xiqoo kan fudhatu yoo ta'u yeeroo tokko tokko hanga daqiqaa 30 ni fudhata. Daa'imnii dirqidhaan akka NyQ fudhatuu taasiisun hinbarbaachisu.
6. Daa'imnii yoo NyQ fudhatee bishaan guddisee akka dhuguu taasiisuun nibarbachisa.

### Hikkoo Bu'aa Qormaata Fedhii Nyaataa

Gabatee qormaata nyaataa armaan gadii jiru ilaaludhaan daa'imni qormaata fedhii nyaataa darbuu fi darbuu dhabuu (kufuu) issa adaan baasii beeki.

## Qoormaata fedhii nyaata kan darbe

1. Daa'imni NyQ kan gabatee qormaata fedhii nyaataa keesati agarsiifame fudhatee/nyaate qormaata fedhii nyaataa darbee jeechudha
2. Filannoon waldh'ansaa daa'imaa keenamu SNyDK akka ta'e kunuunsiitudhaaf ibsi
3. Bu'aa issaa kaardii SNyDK irrati galmeesi

## Qoormaata fedhii nyaata kan kufee

1. Daa'imni NyQ kan gabatee qormaata fedhii nyaataa keesati agarsiifame hinfudhanee/hinnyaanee qormaata fedhii nyaataa kufee jeechuudha
2. Filannoon waldh'ansaa daa'imaa keenamuu sadarkaa cissee kunuunsa ittin argatuu akka ta'e fi maaliif kuni akka filamuuf kunuunsiitudhaaf ibsi
3. Kunuunsa cisee argatuuf gara Buufata Eegumsa Fayyaa/Hospitaala dhiyooti argamuti eergii/dabarsii

## Aneeksi 3: Baay'ina NyQ kan keennamu

NyQ ijoolee haanqina nyaataa cimaadhaan midhamaniif Ulfina qaamaa isaanii irrati hundaa'udhaan keenamaaf

| Ulfina qaamaa (kg) | PLUMPY'NUT® | | BP100® | |
|---|---|---|---|---|
| | Saacheetti guyyaati | Saacheetti torbaanit | Baarsii guyyaati | Baarsii torbaaniti |
| 3.0 - 3.4 | 1 ¼ | 9 | 2 | 14 |
| 3.5 - 4.9 | 1 ½ | 11 | 2 ½ | 18 |
| 5.0 - 6..9 | 2 | 14 | 4 | 28 |
| 7.0 - 9.9 | 3 | 21 | 5 | 35 |
| 10.0 - 14.9 | 4 | 28 | 7 | 49 |
| 15.0 - 19.9 | 5 | 35 | 9 | 63 |

## Aneeksi 4: Baay'ina Qoricha idlee

**Amoksisillinii/Amxicillin**

| Ulfina qaamaa (kg) | Baay'ina Qorichaa (guuyaati si'a lama) | Kaapsula abba mg 250 |
|---|---|---|
| < 5kg | 125 mg | ½ |
| 5 – 10 | 250mg | 1 |
| 10 – 20 | 500mg | 2 |
| 20 – 35 | 750mg | 3 |
| >35 | 1000mg | 4 |

### Vitaamina A / Vitamin A

| Umurii ji'aan | Vitaamina A IU guuyyaa duraa afaaniin fudhatamu |
|---|---|
| 6 hanga 11 | Kaapsuula bulee tokko (100,000 IU=30 µg |
| >=12 ykn >=kg 8 | Kaapsuula bulee lama (200,000 IU=60µg |

### Foolik asiidii /Folic Acid

| Yoomi/Yeeroo | Hagam akka keenamu/Baay'ina |
|---|---|
| Yeeroo seenuu/galmaa'u | 5 mg |

### Qooricha Raamoo Garaa keesaa baleesu

| Umurii | >= Waggaa 2 |
|---|---|
| Albeendaazoolii (400mg) | Kiniina 1 yeeroo/si'a tokko |
| Meebeendaazolii (100mg) | Kiniina 5 yeeroo/si'a tokko |

**Aneeksi 5:** Ulfina qaamaa yeeroo gara manaati gaggefamuu ykn waldh'ansa xumuruu

| Yoo seenu | Yoo bahuu | Yoo seenu | Yoo bahuu | Yoo seenu | Yoo bahuu |
|---|---|---|---|---|---|
| 3 | 3.5 | 5.3 | 6.2 | 7.6 | 8.7 |
| 3.1 | 3.6 | 5.4 | 6.2 | 7.7 | 8.9 |
| 3.2 | 3.7 | 5.5 | 6.3 | 7.8 | 9.0 |
| 3.3 | 3.8 | 5.6 | 6.4 | 7.9 | 9.1 |
| 3.4 | 3.9 | 5.7 | 6.6 | 8 | 9.2 |
| 3.5 | 4.0 | 5.8 | 6.7 | 8.1 | 9.3 |
| 3.6 | 4.1 | 5.9 | 6.8 | 8.2 | 9.4 |
| 3.7 | 4.3 | 6 | 6.9 | 8.3 | 9.5 |
| 3.8 | 4.4 | 6.1 | 7.0 | 8.4 | 9.7 |
| 3.9 | 4.5 | 6.2 | 7.1 | 8.5 | 9.8 |
| 4 | 4.6 | 6.3 | 7.2 | 8.6 | 9.9 |
| 4.1 | 4.7 | 6.4 | 7.4 | 8.7 | 10.0 |
| 4.2 | 4.8 | 6.5 | 7.5 | 8.8 | 10.1 |
| 4.3 | 4.9 | 6.6 | 7.6 | 8.9 | 10.2 |
| 4.4 | 5.1 | 6.7 | 7.7 | 9 | 10.4 |
| 4.5 | 5.2 | 6.8 | 7.8 | 9.1 | 10.5 |
| 4.6 | 5.3 | 6.9 | 7.9 | 9.2 | 10.6 |
| 4.7 | 5.4 | 7 | 8.1 | 9.3 | 10.7 |
| 4.8 | 5.5 | 7.1 | 8.2 | 9.4 | 10.8 |
| 4.9 | 5.6 | 7.2 | 8.3 | 9.5 | 10.9 |
| 5 | 5.8 | 7.3 | 8.4 | 9.6 | 11.0 |
| 5.1 | 5.9 | 7.4 | 8.5 | 9.7 | 11.2 |
| 5.2 | 6.0 | 7.5 | 8.6 | 9.8 | 11.3 |

| Yoo seenu | Yoo bahuu | Yoo seenu | Yoo bahuu | Yoo seenu | Yoo bahuu |
|---|---|---|---|---|---|
| 9.9 | 11.4 | 15 | 17.3 | 36 | 41.4 |
| 10 | 11.5 | 15.5 | 17.8 | 37 | 42.6 |
| 10.2 | 11.7 | 16 | 18.4 | 38 | 43.7 |
| 10.4 | 12.0 | 16.5 | 19.0 | 39 | 44.9 |
| 10.6 | 12.2 | 17 | 19.6 | 40 | 46.0 |
| 10.8 | 12.4 | 17.5 | 20.1 | 41 | 47.2 |
| 11 | 12.7 | 18 | 20.7 | 42 | 48.3 |
| 11.2 | 12.9 | 18.5 | 21.3 | 43 | 49.5 |
| 11.4 | 13.1 | 19 | 21.9 | 44 | 50.6 |
| 11.6 | 13.3 | 19.5 | 22.4 | 45 | 51.8 |
| 11.8 | 13.6 | 20 | 23.0 | 46 | 52.9 |
| 12 | 13.8 | 21 | 24.2 | 47 | 54.1 |
| 12.2 | 14.0 | 22 | 25.3 | 48 | 55.2 |
| 12.4 | 14.3 | 23 | 26.5 | 49 | 56.4 |
| 12.6 | 14.5 | 24 | 27.6 | 50 | 57.5 |
| 12.8 | 14.7 | 25 | 28.8 | 51 | 58.7 |
| 13 | 15.0 | 26 | 29.9 | 52 | 59.8 |
| 13.2 | 15.2 | 27 | 31.1 | 53 | 61.0 |
| 13.4 | 15.4 | 28 | 32.2 | 54 | 62.1 |
| 13.6 | 15.6 | 29 | 33.4 | 55 | 63.3 |
| 13.8 | 15.9 | 30 | 34.5 | 56 | 64.4 |
| 14 | 16.1 | 31 | 35.7 | 57 | 65.6 |
| 14.2 | 16.3 | 32 | 36.8 | 58 | 66.7 |
| 14.4 | 16.6 | 33 | 38.0 | 59 | 67.9 |
| 14.6 | 16.8 | 34 | 39.1 | 60 | 69.0 |
| 14.8 | 17.0 | 35 | 40.3 | | |

## **Aneeksi 6:** Gabaasa Hojiiwwan Baatii Tokkoo- Dhibee Hir'ina Nyaataa cimaa fi ariifachiisaa ta'e yaaluu-Sagantaa Dhibee Hir'ina Nyaataa Yaalu.

| | |
|---|---|
| Maqaa Dhaabbataa | |
| Naannoo | |
| Zoonii | |
| Aanaa | |
| Guyyaa itti Baname | |

| | |
|---|---|
| Maqaa Dhaabbata fayyaa tajaajila Kennu | |
| Maqaa nama gabaasa dhiheesse | |
| Ji'a/waggaa itti gabaasni dhihaate | |
| Gosa sagantaa | Ciisanii kan yaalaman / Deddeebi'anii kan yaalaman |

| Garee Umurii | Calqaba ji'aatti daa'imman tajaajila irra turan (A) | Harawaa sagantichaan yaalamuuf kan galma'an | | | | Dhaabbata yaallii hanqina nyaataa kennu kan biroo irraa kan dhufan (B5) | Ida'ama dhukkubsatoota sagantichaaf galma'an (C) | Dhukkubsatoota sagantichaan yaalamaa turanii ba'an keessaa (D) | | | | | | Kan iddoo biraatti ergaman (E) | | Ida'ama dhukkubsatoota yaalamanii ba'an (F) | Dhuma ji'aa irratti ida'ama dhukkubsatoota jiran (G) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Daa'immaniif Wt/Ht < 70% or MUAC< 110 mm Ga'eessotaaf MUAC < 180 mm (B1) | Dhiita'ina qaamaa (B2) | Kan dhibeen hir'ina nyaataa itti dee'e (B3) | Yaallii addaan erga kutee booda deebi'ee yaalamuuf kan galmaa'e (B4) | | | Kan fayyanii ba'an (D1) | Kan Du'an (D2) | Kan firiin yaallii isaanii hin beekkamne (D3) | Kan saganticha addaan kutan (D4) | kan fooyya'ina hin agarsiisiin (D5) | Sababa dhukkubaatiin kan dhaabbata fayyaa birootti ergaman (D6) | Kutaa deddeebi'aii yaalamanitti kan ergam (E1) | Kutaa ciisanii yaalamanitti kan ergaman (E2) | | |
| Ji'a 6 gadi | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Ji'a 6-59tti | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| waggaa 5-10tti | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| waggaa 11-17tti | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| waggaa 18 oli | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Ida'ama | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | % | % | % | % | % | % | % | % | | |

Harawaan kan galma'an-Yaallii hanqina nyaataa eegaluuf Yaalamtoota kallattiin saganticha kan seenan (haarawaan yaalii marsaa 1ffaa kan seenan) ykn kallattiin marsaa 2ffaa kan seenan. Maaraasmasii (B1). Kowaashorkorii (B2). kan itti deebi'e (B3)- Kan saganticha seenan toora adda addaa sadii keessatti galmeeffamu. Yaalii addaan erga kutee booda deebi'ee yaalamuuf kan galmaa'e (B4)-dhukkubsataa kan yaalii addaan kutee turee fi kan yeroo turtii ji'a lama keessatti deebi'ee dhaabbatichatti yaalamuuf galmaa'e. Yaadachiisa:- Dhukkubsataan yaalii erga addaan kutee booda deebi'u tokko deddeebbiin yaalama ji'a lama booda ykn ciisee yaalamaa kan turee ta'ee torbal lama booda yoo akka dhukkubsataa haarawaatti galmaa'uu qaba. Dhaabbata yaallii hanqina nyaataa kennu biroo irraa kan dhufan (B5)- Dhukkubsataa yaallii hanqina nyaataa dhaabbata kan birootti calqabee fi akka yaalii itti fufuuf jecha kan gara sagantaa kanaatti ergame dha.Dhukkubsatootni akkasii sagantaa ciisanii yaalamuu irraa gara deddeebi'anii yaalamuutti yookiin sagantaa deddeebi'anii yaalamuu irraa gara ciisanii yaalamuutti ergamuu ni danda'u. Kan fayyanii ba'an (D1)-Dhukkubsataa kan ulaagaa kutaa ciisanii yaalaman keessaa ba'uuf taa'e guute. Kan du'an(D2)- Osoo sagantichaan yaalamaa jiranii dhukkubsatoota du'an. Sagantaa deddeebiidhaan warra yaalamaa turaniif du'ichi mana isaanii deemuudhaan mirkanaa'uu qaba. Kan firiin yaalii isaanii hin beekamne (D3)- Dhukkubsatoota osoo yaalii irra jiranii saganticha irraa hafan fi kan firiin yaalii isaanii (addaan kutuu ykn du'a) ta'uun isaa mana isaanii deemuudhaan beekkamuu kan hin dandeenye. Kan saganticha addaan kutan (D4)- Dhukkubsataa walitti aansee yeroo lamaaf safara ulfina qaamaa irratti kan hin argamne ta'uun isaa mana deemuudhaan kan mirkanaa'e (kunis warra ciisanii yaalamaniif guyyaa lama warra deddeebi'anii yaalamaniif torban lama dha). Kan fooyya'ina hin agarsiisiin (D5)- Dhukkubsatoota ciisanii yaalamaa turanii fi kan guyyaa 40 booda fooyya'ina hin agarsiifne ykn dhukkubsatoota deddeebbiidhaan yaalamaa turanii kan ji'a lamaa booda fooyya'ina hin agarsiifne dha. Sababa dhukkubaaf kan iddoo biraatti ergaman (D6)-Osoo hanqina nyaataaf yaalamaa jiranii sababa dhukkubaaf kan dhaabbata fayyaa/hospitaala biraatti ergamani fi kan dhaabbatni keenya yaalii itti fufuufii hin dandeenye dha. Kan iddoo birootti ergaman (E)- Sagantaa kanan yaalii hanqina nyaataa erga eegalanii booda yaalii akka itti fufaniif kan dhaabbata birootti ergaman. Sagantaa ciisanii yaalamuu irraa gara sagantaa deddeebbiitti kan darban(E1)- Dhukkubsataa yeroo calqabaa sagantaa ciisanii yaalamuutti (marsaa 1ffaa) galmaa'ee fi kan booda marsaa 2ffaa /sagantaa deddeebiitti darbe. Sagantaa deddebbii irraa gara sagantaa ciisichaatti kan darban (E2)- dhakkubsataa calqaba sagantaa deddeebbiitti galmaa'ee fi booda immoo itti dhiheenyaan akka hordofamuuf jecha kan sagantaa ciisanii yaalamuutti darbe. **Dhuma ji'aa irratti dhukkubsatoota jiran (G)=dhukkubsatoota calqaba ji'aa irratti turan (A) + Ida'ama dhukkubsatoota sagantichaaf galma'an (C)- Ida'ama dhukkubsatoota yaalamanii ba'an (F). U*=Ulfina; Dh**=Dheerina;SIB***=Safara Irree Bitaa**

## Aneeksi 7: Galmee SnyDK

| Lakk | Maqaa | Teeso | Uinurii (ji' a/ wagaa) | Saala (dhi/ dhu) | Haraa Kan Seene | Wiruu biraati Kan dhufe ykn irra deebi'ee kan seene | Yoo Seenuu | | | | Yoo bahuu | | | | Buu,aa waldhaansaa (fayee, du'ee, hinbeek amnee, gara biraati darbee, deebin hinjiru) | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | Guy yaa | ulfina (kg) | Dhitoo | GNHCC (sm) (MUAC) | Guy yaa | ulfina (kg) | Dhitoo | GNHCC (sm) (MUAC) | | |
| 1 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 2 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 3 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 4 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 5 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 6 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 7 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 8 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 9 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 10 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 11 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 12 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 13 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 14 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 15 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 16 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 17 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 18 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 19 | | | | | | | | | | | | | | | | |
| 20 | | | | | | | | | | | | | | | | |

**Aneeksi 8:** Waraqaa rifaralii SNyDK irraa gara Wirtuu Cisanii kuunuunfamani

Lakk Galmee__________________

Sagantaa Nyaataa eergee____________ Sagantaa Nyaataa itti Eergamee____________

Maqqaa______________________________________

Umurii (ijoolee waggaa 5 gadii ji'an katabi) __________ Saala (Dhi/Du) _________

Aanaa________________________ Ganda______________________________

Guuyyaa________________________________________

## Gabateewan kana Gutii

| | Guyyaa | Ulfina | GNHCO | Dhiitoo | Qoormaata fedhii Nyaataa |
|---|---|---|---|---|---|
| Yoo seenuu/galmaa'u | | | | | |
| Yoo geggeefamuu | | | | | |

| Qoricha keennamu | Baay'ina | Guyyaa keennamee |
|---|---|---|
| Vitaamina A | | |
| Foolik Asiddi | | |
| Talaali Gifiraa/shiftoo | | |
| Albeendaazolli/Meebendaazooli | | |
| Amoksisillini | | |
| Qoorichaa Buusaa | | |

| Sababnii Gaggeesuun barbaachiiseef | Mallattoo kana (✓) kaa'i |
|---|---|
| Mallatoo cimaa waligalaa | |
| Dhibee sonbaa/nimooniaa hamaa ykn | |
| Bobaan dhiiga qabaachuun | |
| Qaamnii oo'un ($T^0 \geqslant 37.5^0$ C) | |
| Dahmocha kama($T^0 \leqslant 35.5^0$ C) | |
| Dhiitoon dabalaa deemuun ykn haraan mul'achuun | |
| Nyaatuu diduudhaan | |
| Torbaan lama kesssati ulfin qaama hir'isu | |
| Torbaan sadii keesati Ulfina qaama yoo hindabalin | |
| Feedhii/gaafii kunuunistu | |

## Aneeksi 9: Waraqaa Ragaa Geeggeefamuu Mirkaneesuu

Lakk Galmee________________________________________________

Sagantaa Nyaataa eergee____________________________________________

Sagantaa Nyaataa itti Eergamee_____________________________________

Maqqaa____________________________________________________________

Umrii (ijoolee waggaa 5 gadii ji'an katabi)_____________________________
Saala (Dhi/Du)________________________

Aanaa______________________ Ganda__________________________________

Guuyyaa_____________________________________

## Gabatee kana Gutii

| | Guyyaa | Ulfina | GNHCO | Dhiitoo | Qoormaata fedhii Nyaataa |
|---|---|---|---|---|---|
| Yoo seenuu/galmaa'u | | | | | |
| Yoo geeggeefamuu | | | | | |